

Mammaaksota Oromoo Qubee “N” n Jalqaban.

- 1 Na argaa na argaan na dhoksa fida.
- 2 Naatu beekaan beekkumsa hin taatu.
- 3 Nagaroon qoree baala bakkanniisaa, harsaamessatti saadiru.
- 4 Nama fardaan barbaadan lafoo argatu
- 5 Nama guddisuun of guddisuudha; nama xiqqeessuun of xiqqeessuudha
- 6 Nama horii hin beekneef, lukkuun luka lamaa horiidha
- 7 Nama jechi hin madessine waraanniyyuu hin madessu
- 8 Namaan garaan ga'atti garaan lafa nama ga'a
- 9 Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse
- 10 Namin lafarratti wal shaku muka waliin hin koru!
- 11 Namni akkaataa fardaa beeku ulee fardaa hin bobessu
- 12 Namni bakka ciisu argate bakka itti diriirfatu barbaada
- 13 Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
- 14 Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
- 15 Namni dhama'iif uumame habjuun dhagaa guura.
- 16 Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu
- 17 Namni farda koorse galgala kooraa baata!
- 18 Namni gaafa hiyyolee qurri isaa duude osoo hiyyolee jeduu hafa.
- 19 Namni ija takkaa biyyeen hin taphatu
- 20 Namni ilkaan miidhagu, hidhii walitti hin qabatu
- 21 Namni Jireenya isaati fakkaata
- 22 Namni kadhachuu hin dhiisu, rabbi waan murtee hin dihiisu

- 23 Namni mana tokko ijaaru citaa wal hinsaamu
- 24 Namni mataa isaatii hin tolle, namaaf hin tolu
- 25 Namni namaaf qoricha.
- 26 Namni namatti jennaan, erbeen saawwanitti jette.
- 27 Namni namumaa, ija nyaadhu jette allaattiin
- 28 Namni yaraan imaanaa gatee lafti yaraan sanyii nyaattee.
- 29 Ni ta'a jennaan harree qallee hin ta'u jennaan harree gannee isumaa fidaa jennaan dhaqnee dhabne.
- 30 Niitiin afaan kaa'a barte, kabaluuf jennaan afaan bante.
- 31 Niturra malee niurra jette boonbiin.
- 32 Numaaf haati hin bane jedhe gowwaan haadha ajjeese
- 33 Nuugiin tumanii nyaatan, humna baattera hin jirtu.
- 34 Nyaataa fi lola abbaatu tolfata